Kallacha Walabummaa Oromiyaa/KWO
Lakk: KWO-092-2017
Guyyaa: Bitootessa 4, 2017

Front for Independence of Oromia/FIO
Reference No. FIO-092-2017
Date : March 4, 2017

Kallachi Walabummaa Oromiyaa tokkummaa mooraa qabsaawota Bilisummaa fi Walabummaa Oromiyaa gabbisu,tin'isu fi ijaarutti amana!

Qabssoon Walabummaa Oromiyaatiif Bilisimmaa Ummata Oromootiif tasifamu bu'aalee gurgudaa argamsiisuun waaan haalamu miti. Gatiin haga ammaa kafalame hedduu qaalii fi ulfataadha.

Haa tahu malee, Ummani Oromoo osoo biyya qabuu biyyaa fi biyyee isaa dhabee, osoo mirga qabu mirga isaa mulqamee, osoo qabeenya qabu irraa hoongayee, harqoota gabrummaa fe'amee hadhaa gabrummaa waga'amee gaddaa fi gadadoon jiraata jira.

Ummanni Oromoo yeroon inni harqoota gabrummaa hayyee jedhee fe'ame, waaroo salphinaa tole jedhee uffatee hinjiru. Biyya isaa ta humnaan irraa fudhatamte deebiffachuuf, mirga isaa ka humnaan sarbame goonfachuuf, taligaa isaa ka diigame deebisee utubachuuf, warraaqsa farra gabrummaa fi sochii diddaa roorroo ka walirraa hincinne godhaa ardha gaye. Gabroomffattootaa fi roorriftoota dhawaataa- dhawaataan gurmuu fi biyya isaa irratti waljijjiiran hundeen buqqisee of-irraa darbuuf wareegamni inni bara Minilik, bara HaylaSillaasee, bara Darguu fi ardhas mootummaan sirna Wayyaanee jalatti baasaa jiru seenaa keessatti gulantaa ol-aanaa qabaata.

Bara mootummaa gabroomfataa Wayyaanee, kan ummatoonni impaayerattii Toophiyaa keessatti argaman martuu hidhaan, ajjeechaa fi hacuccaan dararamaa jiran kana keessatti, duulli sanyii Oromoo lafarraa duguuguu daran hammaate malee tasumaa hin laafne. Gabrummaa fi cunqursaan bara mootummaa dullacha Habashaa kolbaa bayee ifatti deemaa ture bara mootummaa Wayyaanee bifa jijjiiratee mirga ofiin bulmaataa waan kenne fakkeessee harka jalaan dhoowwachuun duulli sanyii Oromoo lafarraa duguguu kaayoo mootummaa Woyyaanee tahee itti fufe.

Haala ulfaata kana keessatti KWOn dhalachuun hirdhina iftoomina akeekaa fi galii akkasumas mala qabsoo fi tarsiimoo qabsoo kana injifachiisu fi guutuuf tahuun ifa dha. Tattaffiin KWOn fuula biyya keessatti tarsiimoo qabsoo hidhannoo, ijaarsa ummataan duurfamu hordofaa, karaa biraatin humnoota bilisummaa Oromoo fi walabummaa oromiyaatin walitti dhiyaaataa, warra faallaa akeeka walabummaa oromiyaa qaban waliinis gaaraagarummaan kun akka furamee hawwiin oromoo guutamuuf qooda isaa kennaa as gahe, har'as itti jira. Kaaraan haga ammaa keessa qaxxamurree as geenne kana yoo of booda deebinee laallu bu'uuraan sirrii tahuu argina.

Adeemsa qabsoo walabummaa Oromiyaa kan yeroo dheeraa fudhate keessatti, ilaalchi ayyaan laallattummaa fi jilbiifatummaa gola golaa biqilee suuta suutaan dagaaguu irraa ka ka'e, aadaan siyaasaa arrab-lamummaa qor-qalbii gootummaa Oromoo faallessee mooraa qabsoo walabummaa Oromiyaa booressuun ifatti mull'atee jira. Humnooni moora jilbiifatummaa keessa jiran kun yeroo ammati kan duraa caalaa kaayoo sabaa irraa fagatanii deemaa akka jiran ummani Oromoo hubbate jira.

Jaarmayooni Oromoo afur (KWO, ABO, ABO-T fi ODF) Caamsaa 1, 2016 MN keessatti walhubannaa tokko irra ghanii koree waliin tolfachuun Ummata keenyaaf ifaadha. Walhubannaan kun akka fedhii ummata Oromooti akka adeemu hawii dhaaba kenna KWOti. Haa tahu maale ADOn ykn ODF tarkaanfii wal hubannaa kana hundeen faalleysu/diigu fudhatee dhaaba Arbanyoch Ginbot 7 (AG7) kan jireenya saba Oromoo, daangaa Oromiyaa fi hiree murteeffannaa Ummattotaa hin fudhanne waliin tokkummaa tolfatachuu isaanii walhubaana kana akka keessa debiine ilaalu nu tasisse jira. KWOn tokkummaan ADO/ODF- AG7 waliin ijaarate waliigaltee jaarmayoota Oromoo afrran jiduutti godhame keessaa qabxiilee lakkoofa tokkoffaa jalatti kaayame kan dhimma Oromoo fi Oromiyaa ilaalatu hundeedhaan faallessa jedhee amana, Qor-qalbii fi gootummaa oromoo ille faallesse jira. Gama keenyaan ADOn yeroo Ummatni keenya alaa fi biyya keessaa yeroo kamuu caala tokkoomee qabsoo bilisummaa fi walabummaa oromiyaa finiinsaa jiru kana keessatti yaada eebifamaa mooraa qabsoo bilisummaa Oromoo gabbisuuf yaadame kana irraan tarkaanfatee alagaa jireenya Oromoo hin dhugeeffanne waliin tokkummaa tolffachuun dogogora seenaati jennee fudhanna.

Kara kaaniin humnootni bilisummaaa Oromoo fi walabummaa Oromiyaa mirkaneessuf qabsaawan irra caala walitti dhiyaachuu fi fedha ummata isaanii irratti tokkummuuf carraaqun isaanii abdii ol'aanaa muldhisaa jira. Carraaqqiin karaa Kanaan godhamaa jiru cimee itti fufuu akka qabu abdii fi fedhii dhaaba keenya KWO fi humnnoota bilisummaa fi walabummaa Oromiyaa hundaati.

Hardhallee humnootin haarcatuun sirna nafxanyaa dullacha deebisuuf abjootan duula midiyaaa fi gargaarsa jarmayoota oromoo tokko tokkotti dhimma bayanii oromoo fi oromummaa akkasumas abbaa biyyummaa oromoo yeroo ifatti balaleffatan agaa jirra. Humnooni sirna Impayeera Itoophiyya tikksan Oromoo akka diinaatti laalu seenaa fi dhugaa Oromoo nifaallessuu, walittis makuu, Akkasumas nijallisuu. Qabeena ummata Oromoo ni saamu, nibarbadessus. Kun hundi hanqaate hayyootaa fi qaroo saba oromoo fixaa turan. Hardhas itti jiran.

KWOn tarsiimoo qabsoo hordofurraa ka'ee olola dharaa, irkannoo alagaa fi diinaa balaleffatee Ummata Oromoo abdachuun mooraa walabummaa oromiyaa jaabeesun furmaata waaraa fida jedhee amana. Burjajahiinsi Oromoo biyya ambaaa keessatti muldhtus karaa kanaan furmaata argata jedhee yaada. Walitti dhufiinsi jarmayootaa,falmitoota mirgaa fi hawaasaa hiree murteeffannaa Ummattotaa bu'uura godhate dandii walabummaa Oromiyaa fi bilisummaa Oromoo cimsuuf yoo hin taasifamne itti bayiin isaa gabrummaa Oromorra tursuu qofaaf qooda kenna jennee yaadana. Dadhabbii fi tattaafiin taasifamu martuu jalqabbii mooraa walabummaa Oromiyaa cimsee hanqina jiru kan guutu tahuun gafii kallattii ta'uu qaba. Yeroon kun yeroo Ummatni Oromoo humnoota ifatti fedha isaatin alaa bayanii fi harka alagaatti dhunnfataman waliin rakkachuu bira kutee fedha ufiif dhabbachuu qabudha jenna. KWOn gama isaatin yeroo kamuu caala qooda isaa jabeessuuf jecha yaadota kana irra ka'uun teessoo Bitootessa 4, 2017 Miseensota Koree Huji Rawwachiiftuu tasifachuun murtiilee asiin gadii dabarsee jira.

1. Hiree murteefanan Ummata Oromoo dangaa tokko maale hujii irra akka olu gumaacha barbaachiisa ta'e ni kennina. Hummnoota hiree murteefanna ummata Oromoo fuula dura dhabataan ykn irra sharafuufi tattaffi godhan haal dure tokko maale balaleefanna!

2. Duulli sanyii duguuggaa Oromorratti deemsifamaa jiru qabsoo mooraa walabummaa jabeessuu qofaan malee irkannoo alagaa fi beekumsa diinaa kennuun furmaatni ka hin argamne ta'u gadi jabeesinne dhaamna.

3. Beekumsi, yeroo fi dinagdeen mooraaa walabummaa oromiyaaf qindeffamuun akka qabsoo sabaa shafisiisu gama dhabaa kennatiin hirmanna kenna cimsinne itti fufna.

4. Yaada tokkummaa jarmayoota Oromoo bu'uuraan kan deeggarru tahee akeekaa,galii,bifa qabsoo fi tarsomoo qabsoo irratti tokkumaa keessaan jabaachuu mala qajeelaa akka ta'e amma ille gadi jabessinee lallaba gonna.

5. Kaayoo walabummaa Oromiyaa daandii warraaqsa diddaa gabrummaa, tarsimoo qabsoo hidhannootii fi dhawaa-mala siyaasaa waraanummaa, sirnaa fi kaayoo jaarmayaa fi hoggana warraaqaa fi walabaa, dimokiraatawaa fi waaltayaa utubuun tokkummaa kaayoo/galii siyaasaa hundee godhate dhaboota Oromoo waliin haal duree tokko maale tolffachuuf qophii ta'u gadi jabessinne mirkanessina.

6. Diinaa alaa fi keessaa irra aannee, Oromiyaa walaboomsuu fi bilisumsummaan jiraachuun tokkummaa cimaa akka sibiilaa nu gaafata. Kana gochuuf ammoo, haalaa fi amala booddessaa qabsaawota Oromoo tamsaasee qabsoo walabummaa Oromiyaa qancarse irra aanuudhaan aadaa gootummaa Oromoo, ilaalcha warraaqaa, qoraamala qaroo, kabajaa fi safuu Oromummaa dagaagsuun siyaasaa fi caasaa qabsoo walabaummaa Oromiyaa haaromsuun yeroo kammiin caala amma yeroon issa amma ta'u akeekna.

7. Ummani Oromoo Tokkummaa qancarsaa fi booddessaa kan ilaalcha faallaa mirga namoomaa, mirga sabaa fi faallaa ol-aantummaa ummataa tahee fi Tokkummaa warraaqaa kan tokkummaa mirga uumamaa kan ilmoo namaa fi kan sabaa kabaju adaan bafaachuun hariroo issa tokkummaa warraaqaa fanna akka godhu waamicha gonna.

Qabxiidhaan armaan olitti tuqamaan bu'uura godhachuun KWOn tokkummaa osoo mooraan qabsoo bilisummaa Oromoo hin gabbanne halagaa waliin,keesumatti qamoota hiree murteeffannaa Ummatottaa hin fudhanne waliin taasifamu kallattiidhaan dura dhaabata. Rakkoo KQ-JBWO Caamsaa 1, 2016 ijaarame mudate (Walhubannaa ABO,ABOT fi ADO) furuuf carraaqin ji'oota jahan dabrran godhamaa ture waan gufateef KWOn miseensummaa KQ-JBWO keessaa dhaabachuu Ummata keenyaf ifa goona.